# MIRGA KEE BEEKI

VOTE 2020

*Akka nama Minnesootaa keessatti filuuti mirga baayyee qabda- mirgoota kana beeki!*

## FILUUF JIRUU IRRAA OOLI

Utuu kafaltiin kee sitti hin hafin dhimmi ofiif oolu,ykn yeroo boqonnaa kee irraa filuuf jecha mirga fudhachuu ni qabda.

## YOO TOORA GALTEETTA TA'E HANGA SA'A 8:00WD FILI.

Yoo toora galteetta ta'e hanga sa'a 8:00wb yeroo kamiin iyyuu filuuf mirga qabda.

## GAAFA GUYYAA FILMAATAA GALMAA'I

Yoo ragaa jiraataa bakka Sanaa ta'uu kee mirkaneesu argisiifte Guyyaa Filmaataa galmaa'uu ni dandeessa.

## DUBACHUN GALMAA"UU

Yoo katabuu hin dandeesu ta'e,mirga afaaniin eenyummaa kee mirkaneesite nammi biraan akka si galmeesuuf gaafachuu ni dandeessa.

## GUYYOOTA 2020

**FILMAATA DURSAA**
*Wiixata, Hagayya 11*

**GUYYAA FILANNOO UTUU ACHITTI HIN ARGAMIN FILUU**
*Karaa mana poostaa filmaata kee erguu ykn kallatiin Birraa 18 hanga Sadaasa 2ti fili.*

**FILUUF GALMAA'UU**
*Guyyaa Filannoo yeroo qusachuuf dursii hanga Onkoloolesa 13 ti galmaa'i.*

**GUYYAA FILMATAA**
*Wiixata, Sadaasa 3*

## GARGAARSA GAAFADHU

Mirga eenyuun iyyuu gargaarsa gaafachuu ni qabda bakka bu'aa hojjisiisaa ykn warra waldaa hojetoota, ykn kadhimamaa dorgommii irraa kan hafe.

## IJOOLLEE BAKKA FILMAATAA FIDI

Mirga ijoollee kee bakka filmaataati fiduu ni qabda.

*Duubaraan itti fufa...*

*Waajira Barreessa Mootummaa Minnesota*
*mnvotes.org • 1-877-600-VOTE*

# MIRGA KEE BEEKI

VOTE 2020

*...fuula duraa irraa itti fufe*

## *ERGA YAKKI NAMATI MURTAA'EE ADABBII FIXANII BOODA FILUU*

Yoo yakkaan sitti murta'ee, erga adabbii kee hundaa fixxe booda filuu ni dandeessa, ofeegannaa, jijjirama agarsiisuun hiikamuu, ykn haala biraan kan akka bakka buusuu.

## *TIKSA JALA UTUU JIRTUU FILUU*

Utuu tiksa jala jirtii filuu ni dandeesa yoo abbaan seeraa mirga filuu kee hin mulqine ta'e.

## *DHIIBBAA TOKKO MALEE FILI*

Bakka filmataati utuu nammi kamiyyuu dhiibbaa siratti hin godhin mirga filuu qabda.

## *WARAQAA FILMAATAA KA BIRAA ARGADHU*

Utuu filtee hin galchin yoo waraqaa filmaata kee irrati dogoggora goote mirga ka biraa argachuu qabda.

## *KOMEE DHIHEEFADU*

Yoo akkaataa filmaani itti deemuti hin gammane, mirga komee kee barreeffamaan bakka filmaataa sanaatti dhiheefachu qabda.

## *FAKKAATU WARAQA FILANNOO FIDI*

Mirga  waraabii fakkaatuu waraqaa filanno bakka keesa dhaabbatanii filaniitti fiduu qabda.

## *SEERA WAA'EE MIRGAA WARRA FILANII FIDI*

Mirga waraabi Seera waa'ee mirga warra filanii bakka keessa dhaabbatanii filaniitti fiduu qabda.

*Waajira Barreessa Mootummaa Minnesota*
*mnvotes.org • 1-877-600-VOTE*